


PRSR STD
US Postage
PAID
Seattle, WA
Permit No. 2871



Jijiramni dhaaba konkolaata Birraa 2017 gara magaalaa Kolumbyaa dhufa

Waggoota lamaan darban, kutaan geejjibaa Siyatil (Sattle Department of Transportation – SDOT) dhaaba konkolaataa magaalaa Kolumbiyaa qorate ture. Deebi keessanitti fayyadamneet ganda karoorra dhaaba konkolaataa gandaa hojjanne.

Jalqaba birraa 2017 SDOTn iddoo dhaaba konkolaata baay'isuu fi jiraattota, maamiltoota, daaw'attoota fi hojjattotaf miyeessuuf jijjiirama dambii naanoo dhaaba konkolaataa jijjiira. Jijjiirama akekkame bal'inaanitti keessa ilaalaa.

Beeksisa dhagaha ummataa:

SDOTn dhagaha ummataa ibsa RPZ 29 irratti guyyaa Adoolessa 10 galgala keessaa sa'aa 6:00 tti Rainier Arts tti godha. RPZ irratti yeroo dhagahamaatti ykn ColumbiaCityParking@seattle.gov hanga Adoolessa 21 yaada kennuun ni danda'ama.

Kaayyoon maali?

- Dhaabbii kaffaltii daangaa kaffaltii malee amma jiru bakka bu'a. Dhaabbiin kaffaltii makaa daangaa sa'aa 2 fi 4, iddoo dhaabbi sa'aa 2 kan sa'aa 3 dhaabuuf eyyamu sa'aa 5 booda bitama.
- Daangaa dhaaba kaffaltii malee karaawwan amma daangaa yeroo hinqabni kan naannoo daldalaa biraa irratti dabalama.
- - - Naannoo Dhaaba Murta'aa (RPZ) 29 gara bahaatti baball'achuuf karoorfame. Jiraattonni fi hojjattoonni hundinuu RPZ babal'ate irratti eyyamaaf filatamoodha. Babal'ina RPZtiif dhagahamni ummataa guyyaa Adoolessa 10, 2017 galgala sa'aa 6:00 hanga 7:30 Galma Rainier Arts 3515 S Alaska Street tti godhama. Babal'ina RPZ ilaalchisee oduu dabalataatiif maaloo websaayitii pirojektii ykn nu qunnmaa.
- Iddoolee RPZ 29 haaraan Karaa S Ferdinad irratti ni dabalamu
- Ⓡ Iddoon dhaabaa murtaa'e adeemsa konkolaataa ■ fooyyessuf baha 39th Ave S irratti dhaabbata.
- ♿ Iddoon qaama-dhabeessaf mallataa'an karra S Edmunds St fi S Hudson St tti dabalamu.
- Naannoo yaabbi imaltootaa galgalaa Rainier Ave S gara lachiinuu ni dabalamu. Gara dhihaatti iddoon yaabbi amma ni jira.

Jijjiiramni kun maaliif godhame

Qorannaa fi qunnamtii waggaa tokkoo ol iddoo dhaaba konkolaataa irratti godhameen, iddoon dhaaba konkolaataa magaalaa Kolumbiyaatti rakkisaa akka ta'e fi karaawwan tokko tokko irra oofuun rakkisaa ta'uu dhageenye argineerra. Karoorri kun iddoo dhaaba konkolaata baay'isuu fi jiraattota, maamiltoota, daaw'attoota fi hojjattotaf mijeessuuf jijjiirama dambii naannoo dhaaba konkolaataa jijjiira. Jijjiirama dhaaba kaffaltii fi yeroon daangeffame godhuun gandoota dhiphatan irratti adeemsa konkolaataa fooyyessa. Babal'inni RPZ dhaabbi yeroo dheeraaf warri naanichatti hin jiraanne karaawwan naanno jireenyaa irratti godhamu ni hir'isa. Murt'ainsi dhaaba konkolaataa baha Rainier tti bilookii dheeraa ta'an irratti adeemsa konkolaataa fooyyessa. Iddoon yaabbi galgalaa fi mallattoon qaama-dhabeeyyii argama gandaa fooyyessa.



JIJJIIRAMOOTA KAROORAMAN

- Kaffaltiidaan, sa'aa tokkotti \$1, ganama sa'aa 8 - galgala sa'aa 8 Wiix-Sanb, Daangaa sa'aa 2, Sa'aa 5 booda saa 3iif (Iddoon 60)
- Kaffaltiidaan, sa'aa tokkotti \$1, ganama sa'aa 8 - galgala sa'aa 8 Wiix-Sanb, daangaa sa'aa 4 (iddoo 20)
- - - RPZ, ganama sa'aa 7- galgala sa'aa 6 Wiix-Jim, yoo eyyamame malee sa'aa 2 (iddoo 390)
- Dangaa yeroo kaffaltii malee, ganama sa'aa 7- galgala sa'aa 6, Wiix -Sanb, Daangaa sa'aa 2 (iddoo 40)
- Ⓡ Mallatto Dhaabuun Dhoorkame
- Naannoo Konkolaataa Dabarsuu Hundeessuu
- Naannoo fe'aa amma jiran iddo jijjiiruu fi iddoo yaabbi qofaa galgala sa'aa 6 - halkaan sa'aa 2 dabala
- Iddoo RPZ 29 haaraa dabala
- ♿ Iddoon qaama-dhabeessaf mallataa'an, daangaa sa'aa 4

Jijjiiramni kun yoom godhama?

Hojiirra oolchuun birraa 2017f karoorame. Jijjiiramni karooraa websayitii pirojektii irratti maxxanfama

Odeeffannoo Pirojektii, Gaafilee Baay'inaan Gaafataman (FAQ), & Qunnamtii

www.seattle.gov/transportation/parking/cp_ColumbiaCity.htm

Email: ColumbiaCityParking@seattle.gov ykn Bilbila (206) 733-9026

Marii babal'ina RPZ: Wiixata Adoolessa 10, 2017 sa'aa 6 hanga 7:30 Galma Rainier Arts 3515 S Alaska St. Marii kana irratti yoo hiika afaanii barbaaddan maaloo duursaa nu beeksisaa.